GAAFA GUYYAA FILANNOO GALMAA'UU

VOTE 2016

Bakka itti filannitti guyyaa filannoo galmaa'uuf, raga bakka jireenyaa mirakneesu Kanaan gadditti jiran keessa tokko fidi.

① *ID MAQAA FI TEESSOO AMMAA QABU*

- Heeyyama konkolaataa ittiin oofan Minnesota, heeyama barataa; ykn naga'eera waan kanaa.
- ID Qomoo maqaa qabu, teessoo,suuraa fi mallatoo.

② *ID FOOTOO QABUUF RAGAA MAQAA FI TEESSOO KEE AMMAA QABU*

Waraqaa eenyummaa suura qabu mirkanaa'e

Tokko fili. Yeroon itti darbuu ni danda'a.

Heeyyama konkolaataa ittiin oofan, waraqaa eenyummaa mootummaa irra ykn heeyyama barataa konkolaataa mootummaa kam irraa kenname

Paaspoortii U.S

Waraqa eenyummaa loltuu ykn loltuu U.S. nama ture

Waraqaa eenyummaa gosaa maqaa, mallatoo fi suuraa qabu

ID Universitii, kooleejjii ykn kooleejjii teekinikaa Minnesota

ID mana barnootaa sadarkaa lamaffaa Minnesota

Ragaa mirkanaa'e

Tokko fili. Meeshaa elektroonkii irratti agarsiisuun ni danda'ama.

Waraqaa kafltii, odeeffannoo heregaa fi yoom tajaajila akka siif eegalamu beeksisa kenname dabalatee, inni kunis guyyaa 30 keessatti kan ergameef guyyaa filmaataa dura kan:

* Bilbila, TV ykn interneetii
* Kosii, dhangala'aa, ibsaa, gaasii ykn bishaan
* Tajaajila baankii ykn kireedit kaardii
* Kiraa ykn liqii manaa

Hanga Guyyaa Filannooti Walii Galtee Kiraa Manaa sirri

Odeeffannoo kafaltii mana barumsaa

Duubaan itti fufa ...

Minneapolis Elections & Voter Services
vote.minneapolismn.gov • 311

Minneapolis
Elections and Voter Services

GAAFA GUYYAA FILANNOO GALMAA'UU

VOTE 2016

... fuula duraa irra kan itti fufe

③ NAMMI FILUUF GALMA'EE TEESSOO KEE MIRKANEESUU DANDA'U

Nammi filuuf galma'ee naannoo filmaataa kee sana keesa jiraatuu bakka filmaataa si waliin dhaqee teessoo kee mirkaneesee kakkatee malateessuu danda'a. Kun wabii jedhama. Nammi filuuf galmaa'e nama filu sadeetiif wabii ta'uu danda'a. Yoo nammi siif wabii ta'e, ati nama biraaf wabii ta'uu hin dandeessu.

④ ID BARATAA KOOLEJJII TARTIIBA BAKKA JIREENYAA WALIIN

Koolejjii fi universitiin galmee baratootaa achi keessa jiraato tanii qondaaltota filmaataati ergu. Yoo maqaan kee achi irra hin jiru ta'e, ID kee kan kooleejjii suura kee qabu agarsiisi galma'uu kee xumuri.

⑤ GALMAA'UU ISA DHUGAA GANDUMMA SANA KEESSATTI

Yoo naannoo (ganda) kee keessatti galmooftee garuu maqaa jijjiirate ykn teessoo kee ganduma sana keessatti jijjirate, gochuun kan si'irra jiraatu daanyaa filmaataatti maqaa ykn teessoo kee dura himuu qofa.

⑥ BEEKSISA ERGA YEROON DARBE GALMAA'UU

Yoo filuuf guyyaa filmaataa dura guyyaa 20 keessatti galmoofte, Beeksisa erga yeroon darbee galmaa'uu kennamu karaa mana poostaa si ergama ta'a. Isa siif ergamu kana akka ragaa bakka jireenyaatti itiin galma'uuf dhimmi itti ba'i.

⑦ NAMA HOJJETAA BAKKA MANA JIREENYAA

Yoo bakka mana jireenyaa keessa jiraata ta'e, nama hojjetaa bakka kanaa ta'e, bakka filmataa si waliin dhaqee teessoo kee siif mirkanneessuu ni danda'a. Kun "wabii" ba'uu jedhama. Hojjetaan bakka kanaa namoota filuu danda'anii bakka kana jiraataniif wabii ba'uu danda'u.

Minneapolis Elections & Voter Services
vote.minneapolismn.gov • 311

Minneapolis
Elections and Voter Services